Lakk. 3-228/2399/2013
Guyyaa 18/06/2013

Manneen Murtii Ol'aanaa 22 tiif

Bakka Jiranitti

Dhimmi: - Dorgommii Gargaaraa Abbootii Seeraa Dubartootaa Ilaalata

Manni Murtii Waliigala Oromiyaa bu'uura dambii BASO keeewwata 22 (1) tiin hirmaannaa dubartootaa dabaluu fi dubartoota jajjabbeessuuf dubartoota gargaaraa abbaa seeraa ta'anii inistiitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qo'annoo seeraa oromiyaa seenanii leenjii fudhachuu barbaadan alaa dorgomsiisuun qacaruu waan barbaaduuf dubartoota ulaagaa iddichaa guutan hanga gaafa 26/06/2013tti galmeessuun ragaa isaanii guutuu mana murtii waliigalaf akka ergitan isin beeksisaa xalayaa ulaagaa dorgommii fi unkaa galmee qabate fuula afur (4) xalayaa kana waliin isiniif ergineera.

Nagaa wajjin!

Mokonnin [illegible]
Itti Gaafatamaa Waajira [illegible]
fi Bulchiinsa Qabeenya Namaa

GG.
- Waajjira Pirezidaantiif
- Waajjira Gumii fi BQNtiif
- Daayireektara KTAS tiif
- Daayireektoreetii KBHG tiif

MMWO

- Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa tiif

Adaamaa

Beeksisa Dorgommii

Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Bu'uura Dambii Bulchiinsa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Manneen Murtii Oromiyaa Lakk.7/2012 Keeewwata 22(1) tiin hirmaannaa dubartootaa dabaluu fi dubartoota jajjabbeessuuf dubartoota ogeessota seeraa Gargaaraa Abbaa Seeraa ta'anii Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa seenanii leenjii fudhachuu barbaadan alaa dorgomsiisuun qacaruu waan barbaaduuf dubartootni ulaagaalee armaan gadii guuttan dorgomuu kan dandeessan ta'uu beeksifna.

1. Ulaagaa Dorgommii
   a. Lammii Itoophiyaa kan taate
   b. Heera mootummaa Federaalaa fi Kan Naannoo tiif amanamaa kan taate,
   c. Barumsa seeraa tiin digrii jalqabaa (LL. B) fi isaa ol kan qabdu,
   d. Qormaata bahumsaa dhaabilee barnoota ol'anoo (exit exam) kan fudhattee fi qabxii darbiinsaa kan qabdu.
   e. Umuriin ishee waggaa 24 gadii fi 40 ol kan hin taane.
   f. Afaan Oromoo Dhaghuu ,Dubbachuu, Barreessuu fi Dubbisuu kan dandeessu
   g. Miseensa Dhaaba Siyaasaa Kamiyyuu kan hin taane
   h. Gargaaraa Abbaa Seeraa taatee Oromiyaa keessatti bakka kamittuu ramadamuun tajaajiluudhaaf fedha fi qophii kan qabdu,
   i. Yakkaan kan hin himatamnee yookiin himatamtus balleessaadha kan hin jedhamne yookiin adabamttee kan moggaafamte ta'u qabdi
   j. Naamusaa fi Dandeettii Ol'aanaa qabaachuun ishee kan mirkanaa'e
   k. Araada adda addaa irraa bilisa kan taate
   l. Dhibee sammuu kan hin qabnee
   m. Dhibee fayyaa hojii abbaa seerummaatiin gahumsaan hojjachuu hin dandeessisnee kan hin qabne
   n. Yeroo ammaa kana abbaa seerummaan ykn abbaa alangummaatiin ykn gargaaraa isaanii taatee nama tajaajilaa hin jirre.
2. Hanga Turtii Leenjichaa: **Ji'ota kudha lama (12)**
3. Waliigala Baayina Nama Barbaadamu: **10(kudhan)**

4. Kanfaltii ji'aan kennamu: Qr. 5006(kuma shanii fi jahaa) , dabalataan doormiin ciisichaa ni kennama.
5. Guyyaa Galmee: 19/06/2013-25/06/2013 ti; Sa'aatii hojii mootummaatti.
6. Bakka Galmee: **Manneen Murtii Ol'aanaa Godinaaleetti.**
7. Dokumantiiwwan ykn ragaawwan galmaa'uuf barbaachisan:

    a. Iyyatnoo Leenjii hojiin duraa fudhachuun gargaaraa abbaa seeraa ta'uun fedha qabaachuu shee ibsu mallattaa'ee dhiyaachuu qaba.
    b. Unkaa galmee qophaa'e haala sirna qabeessa ta'een guutamuu qaba [Unkaan kun yeroo galmaa'uuf dhuftan kennama].
    c. Ragaa barnootaa kooppii fi haadhoo waliin qabatee (digirii fi tiraanskriiptii, ragaa kutaa 8ffaa,fi kanneen biroo),
    d. Siivii (CV),
    e. Ragaa/xalayaa waa'ee naamusa dorgomichaa ibsuu fi yakkaan himatamuu dhabuu ishee buufata poolisii naannoo jireenya isaa/ishee irraa bareeffameef
    f. Suraa 2 (passport size).

Hubachiisa!

- Odeeffannoo dabalataa: (Lakk. Bil:
- Xumura irratti kaadhimamaan lenjifamaa madaalli kana darbuudhaan leenjiidhaaf gara inistiitiyuutichaa yemmuu dhufutti Mana Murtii Ol'aanaa itti dorgomaan irraa waliigaltee wabii mirkanaa'e qabattee dhiyaachuu qabdi.
- Kadhimamtoonni leenjiidhaaf darban yeroo leenjii akka eegalaniif waamamanitti ufata halkanii, ufata boraatii fi qalaba ji'a tokkoo qabatanii dhufuu qabu.

Un-01

Uunkaa Galmee Dorgomtootaa Itti Gaggeeffamu

Kutaa I: Qajeelfama

- Dorgomaan kamuu unkaa kana sirriitti erga guutee booda mallatteessuudhaan ragaawwan barbaachisan waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
- Unk kanaa waliin:
  - ✓ Iyyatnoo, iyyataan mallattaa'e, leenjichaaf fedha qabaachuu isaa/shee ibsu,
  - ✓ Ragaa barnootaa (digirii fi tiraaniskiriptii) kooppii fi haadhoo waliin,
  - ✓ Siivii (CV),
  - ✓ Ragaa/xalayaa waa'ee naamusa dorgomichaa ibsuu fi yakkaan himatamuu dhabuu isaa/ishee buufata poolisii naannoo jireenya isaa/ishee irraa bareeffameef.
  - ✓ Suraa 2 (passport size) ; dhiyaachuu qabu.

Kutaa II: Waa'ee Iyyataa

1. **Maqaa hanga Akaakayyuutti:** _____
2. **Saala:** Dhiira _____ Dhalaa _____
3. **Bara Dhalootaa:** Guyyaa _____ Ji'a _____ Bara _____
4. **Bakka Dhalootaa:** Godina _____ Aanaa _____ Ganda: _____
5. **Teessoo Jireenyaa yeroo ammaa :**
   Godina_____ Aanaa_____ Ganda:_____ Lakk.
   Manaa_____ Bilbila: Kan Manaa_____
   Moobaayila _____
6. **Sadarkaa Barnootaa**
   - ✓ Digirii lamaffaa ____ gosa barnootaa _____
   - ✓ Digirii Jalqabaa ____ gosa barnootaa _____
   - ✓ Dippiloomaa ____ gosa barnootaa _____
   - ✓ Kan Biroo ____ gosa barnootaa _____
7. **Mana Barnootaa Sadarkaa Hundumaa itti barattan Ibsaa:**

Sadarkaa	Maqaa M/barnootichaa	Magaala itti Argamu	Bara
7.1 Sadarkaa Duraa	_____	_____	_____

7.2 Sadarkaa 2ffaa _____ _____ _____

7.3 Sadarkaa ol'aanaa _____ _____ _____

7.4 Kan biroo _____ _____ _____

8. **Muuxannoo Hojii Yoo qabaattan ibsaa:**

8.1 Gosa hojichaa: _____

8.2 Hanga fi Bara Muuxannoo: _____

8.3 Mana Hojichaa fi teessoo isaa caqasaa: _____

9. **Haala Qaamaa:** Hir'ina qaamaa yoo qabaattan gosa isa ibsaa _____

10. **Dandeettii Addaa yoo qabaattan:** _____

11. **Fedhi wayita boqonnaa (hobbies):** _____

12. **Mirkanneessa:**

Ani iyyattuun maqaan koo asii olitti caqasame odeeffannoon asiin olitti kennee fi ragaawwan waliin qabsiisee dhiyeesse hundi dhugaa fi guutuu ta'uu isaa mallattoo kootiin mirkanneessa. Odeeffannoon kenne kun soba ykn hir'uu ta'ee yoo argame akkaataa dambii fi qajeelfama jiruutiin kan itti na gaafachiisu ta'uu mallattoo kootiin ni mirkaneessa.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa _____